

Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**
Dambiin kun “Dambii Sirna Hojimaata Boordii Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa, Lakkoofsa. 216/2013” jedhamee waamamuu ni danda’aa.
2. **Hiika**
Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta’e malee, Dambii kana keessatti:
 - 1) “Abbaa Taayitaa” jechuun Abbaa Taayitaa Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa bu’uura Labsii Lakkoofsa 226/2012 tiin hundeeffame jechuudha.
 - 2) “Boordii” jechuun Boordii Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa bu’uura Labsii Lakkoofsa 226/2012 tiin hundeeffame jechuudha.
 - 3) “Dhaabbilee Biizinasii Murteesso” jechuun Dhaabbata Biiziinisii Dhuunfaa, Waloo fi Mootummaa fedhii fi hirmaannaa misooma Zoonichaa irratti hirmaatan of keessatti qabatan jechuudha.
 - 4) “Hojii Deeggarsa Adda Addaa” jechuun bu’uura Dambii kanaa Keewwata 8(7)tiin osoo Boordichi hin mirkaneessiin dura si’ayyina hojiif akka toluuf Koreen Boordii hojiiwwan akka qorannoowwan garaa garaa bifa ogummaan xiinxaluun mirkaneessuu, gorsaa fi deeggarsa teeknikaa taasisuu fi kanneen kana fakkaatan kan of keessatti qabatu jechuudha.
 - 5) “Koree Boordii” jechuun Miseensa Boordii Abbaa Taayitaa Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa deeggarsa hojiidhaaf jecha bu’uura Dambii kanaatiin kan hundeeffamu jechuudha.
 - 6) “Labsii” jechuun Labsii Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa Lakkoofsa 226/2012 jechuudha.
 - 7) “Maanaajimantii Mana Hojichaa” jechuun hoji gaggeessitoota ol’aano Abbaa Taayitichaa irraa walitti dhufuun kan ijaaraman jechuudha.

ክፍል አንድ
ጠቅላላ ድንጋጌዎች

1. **አጭር ርዕስ**
ይህ ደንብ "የገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን ቦርድ የአስራር ሥርዓት ደንብ ቁጥር 216/2013" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።
2. **ትርጓሜ**
የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር፣ በዚህ ደንብ ውስጥ፡-
 - 1) "ባለሥልጣን" ማለት በአዋጅ ቁጥር 226/2012 መሰረት የተመሰረተ የገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን ባለሥልጣን ማለት ነው።
 - 2) "ቦርድ" ማለት በአዋጅ ቁጥር 226/2012 መሰረት የተመሰረተ የገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን ቦርድ ማለት ነው።
 - 3) "ወሳኝ የቢዝነስ ድርጅቶች" ማለት በዜጎች ልማት ላይ የተሳተፉ የግል፣ የጋራ እና የመንግስት የቢዝነስ ድርጅቶች በውስጣቸው የያዙዎቸው ፍላጎትና ተሳትፎ ማለት ነው።
 - 4) "ልዩ ልዩ የድጋፍ ስራዎች" ማለት በዚህ ደንብ አንቀጽ 8(7) መሰረት ቦርዱ ከማጽደቁ በፊት የቦርድ ኮሚቴው ለስራ ቅልጥፍና ያመች ዘንድ እንደ የተለያዩ ምርምሮችን ከመያዝ አንጻር በመመርመር ማረጋገጥ፣ ምክርና የቴክኒክ ድጋፍ ማድረግ እና የመሳሰሉ ስራዎችን በውስጡ የሚይዝ ማለት ነው።
 - 5) "የቦርድ ኮሚቴ" ማለት ለሥራ ድጋፍ ሲባል በዚህ ደንብ መሰረት የሚቋቋም የገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን ባለስልጣን ቦርድ አባል ማለት ነው።
 - 6) "አዋጅ" ማለት የገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን አዋጅ ቁጥር 226/2012 ማለት ነው።
 - 7) "የመስሪያ ቤቱ ማኔጅመንት" ማለት ከባለሥልጣኑ ከፍተኛ የስራ አመራሮች ውስጥ በመውጣት የሚደራጁ ማለት ነው።

Part One
General Provisions

1. **Short Title**
This regulation may be cited as "Gada Special Economic Zone Board Working System Regulation Number 216/2020."
2. **Definitions**
Unless the context requires otherwise, in this regulation:
 - 1) "Authority" means the Gada Special Economic Zone Authority established in accordance with Proclamation Number 226/2020.
 - 2) "Board" means the Board of Gada Special Economic Zone established in accordance with Proclamation Number 226/2020.
 - 3) "Decisive Business Organizations" means Private, Cooperative and Government Business Organizations containing those interested and participated on the development of the zone.
 - 4) "Various Supporting Tasks" means supporting activities performed by the Board Committee before approval by the Board pursuant to article 8(7) of this regulation for ensuring work effectiveness which contains works like analyzing and approving various researches from professional point of view, providing advice and technical support and other similar tasks.
 - 5) "Board Committee" means the Board member of Gada Special Economic Zone Authority formed pursuant to this regulation for providing work supports.
 - 6) "Proclamation" means the Gada Special Economic Zone Proclamation Number 226/2020.
 - 7) "Management of the Office" means the management body organized together from senior work leaders of the Authority.

- 8) “Mana Marii Bulchiinsaa” jechuun Mana Marii Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
- 9) “Naannoo” jechuun Naannoo Bulchiinsa Mootummaa Oromiyaa jechuudha.
- 10) “Nama” jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.
- 11) “Pirezidaantii” jechuun Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.

3. Ibsa Koorniyaa

Dambii kana keessatti jechi koorniyaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Dambiin kun dhimmootaa fi hojiiwwan hooggansaa Boordii Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa ilaallatan hundaa irratti raawwattiinsa ni qabaata.

5. Kaayyoo

Dambiin kun kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

- 1) Sirna hojimaata Boordii hojiiwwan Zoonichaa bu’aa qabeessa taasisuun kaayyoo Zoonichaa milkeessuu danda’u diriirsuu;
- 2) Miseensota Boordii ogummaa fi muuxannoo gahaa qaban filachuun hooggansa waloo bu’aa qabeessa ta’e akka kennan taasisuu;
- 3) Miseensota Boordichaa koree adda addaatti qooduun gahee hojii isaanii bifa itti gaafatamummaa qabuun hojjatanii sadarkaa Boordiitti murtoo waloo akka fudhatan taasisuu;
- 4) Sirna walgahii Boordiin ittiin hoogganamu diriirsuu;
- 5) Sirna ittiin bulmaata Boordichaa seeraan murteessuu; fi
- 6) Aangoo yeroo turmaata miseensa Boordichaa murteessuudha.

- 8) "መስተ-ዳድር ምክር ቤት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት መስተ-ዳድር ምክር ቤት ማለት ነው።
- 9) "ክልል" ማለት የኦሮሚያ መንግስት መስተ-ዳድር ክልል ማለት ነው።
- 10) "ሰው" ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በህግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ማለት ነው።
- 11) "ፕሬዝዳንት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት ማለት ነው።

3. የፆታ አገላለጽ

በዚህ ደንብ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለጸው ቃል የሴት ፆታንም ይጨምራል።

4. የተፈጻሚነት ወሰን

ይህ ደንብ የገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን ቦርድን በሚመለከቱ የአመራር ጉዳዮችና ተግባራት ሁሉ ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

5. ዓላማ

ይህ ደንብ የሚከተሉት ዓላማዎች ይኖረዋል፡-

- 1) የዞኑን ተግባራት ውጤታማ በማድረግ የዞኑን ዓላማ ለማሳካት የሚያስችል የቦርድ አሰራር ሥርዓት መዘርጋት፤
- 2) በቂ ሙያ እና ልምድ ያላቸው የቦርድ አባላትን በመምረጥ ውጤታማ የሆነ የጋራ አመራር እንዲሰጡ ማድረግ፤
- 3) የቦርዱን አባላት በተለያዩ ኮሚቴዎች በመከፋፈል የስራ ድርሻዎቻቸውን በሀላፊነት መንፈስ በመስራት በቦርድ ደረጃ የጋራ ውሳኔ እንዲወስዱ ማድረግ፤
- 4) ቦርዱ የሚመራበትን የስብሰባ ሥርዓት መዘርጋት፤
- 5) የቦርዱን መተዳደሪያ ሥርዓት በህግ መወሰን፤ እና
- 6) የቦርዱን አባል የቆይታ ጊዜ ሥልጣን መወሰን ናቸው።

- 8) "Administrative Council" means Oromia Regional State Administrative Council.
- 9) "Region" means Oromia Government Administrative Region.
- 10) "Person" means the natural or juridical person.
- 11) "President" means President of Oromia Regional State.

3. Gender Reference

In this regulation, any term expressed in masculine gender shall include Feminine

4. Scope of Application

This regulation shall be applicable to all leadership issues and tasks concerning the Board of Gada Special Economic Zone

5. Objective

This regulation shall have the following objectives:

- 1) To establish working system of Board that help to make duties of the Zone efficient and thereby ensure the success of objectives of the Zone;
- 2) To select members of Board enriched with greater expertise and experiences and enable them to provide efficient cooperative leadership;
- 3) To divide members of the Board in different committees" to help them perform their respective duties responsibly and render cooperative decision at the Board level;
- 4) To lay meeting procedure governing the Board;
- 5) To legally determine the administrative regulation of the Board; and
- 6) To determine the power in the duration of the Board member.

Kutaa Lama

ክፍል ሁለት

Part Two

Miseensota, Aangoo fi Hojii Boordii

Members, Power and Duties of the Board

6. Miseensota Boordii

6. Members of the Board

- 1) Boordichi miseensota 11 kan qabaatu ta'ee, miseensonna isaa qaamolee mootummaa rogummaa qaban, qonnaan bulootaa fi abbootii qabeenyaa keessaa Pirezidaantii Naannichaatiin kan filaman ta'a.
- 2) Walittiqabaa fi Itti Aanaa Walittiqabaa Boordichaa Pirezidaantiin kan filaman ta'a.
- 3) Daarektarii Ol'aanaan Abbaa Taayitichaa Sagalee malee barreessaa Boordichaa ta'ee kan hojjatu ta'a.

6. የቦርድ አባላት

- 1) ቦርዱ 11 አባላት የሚኖረው ሆኖ፣ አባላቶቹም አግባብነት ካላቸው የመንግስት አካላት፣ ከአርሶ አደሮች እና ከባለሥራተኞች መካከል በክልሉ ፕሬዝዳንት የሚመረጡ ይሆናል።
- 2) የቦርዱ ሰብሳቢና ምክትል ሰብሳቢ በፕሬዝዳንቱ የሚመረጡ ይሆናል።
- 3) የባለሥልጣኑ ዋና ዳይሬክተር ያለ ድምጽ የቦርዱ ጸሀፊ ሆኖ የሚሰራ ይሆናል።

- 1) The Board shall have 11 members; and they shall be selected from the appropriate government bodies, farmers and investors by the president of the region.
- 2) The Chairperson and Deputy Chairperson of the Board shall be selected by the president.
- 3) General Manager of the Authority shall serve as secretary of the Board without vote.

7. Bara Hojii Miseensa Boordii

7. Term of Office of the Board Member

Barri hojii miseensa Boordii waggaa sadi ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti miseensi Boordii bara hojii waggaa sadii xumure yeroo tokkoof irra deebi'ee filatamuu yookiin ramadamuu ni danda'a.

7. የቦርድ አባል የሥራ ዘመን

የቦርድ አባል የሥራ ዘመን ሦስት ዓመት ሆኖ፣ እንደ አስፈላጊነቱ ሦስት ዓመት የሥራ ዘመኑን ያጠናቀቀ የቦርድ አባል ለአንድ ጊዜ በድጋሚ ሊመረጥ ወይም ሊመደብ ይችላል።

Term of office of the Board member shall be three years; and the member of Board who has completed the three years term in office may be re-selected or reassigned once as deemed necessary.

8. Aangoo fi Hojii Boordii

8. Power and Duties of the Board

Aangoo fi hojiin Labsicha keewwata 16 jalatti kennameef akkuma eeggametti ta'ee Boordichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

8. የቦርዱ ሥልጣንና ተግባር

በአዋጁ አንቀጽ 16 መሠረት የተሰጠው ሥልጣንና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ቦርዱ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

Without prejudice to the power and duties bestowed to it under article 16 of the Proclamation, the Board shall have the following power and duties:

- 1) Karooraa fi sagantaa ofii isaa ni qopheessa; raawwii hojii isaas kurmaana kurmaanaan xinxaluudhaan Pireziidaantiif gabaa-sa ni dhiyeessa;
- 2) Maanaajimantiin Abbaa Taayitichaa kaayyoo fi galma hundeeffama isaa irratti hundaa'uudhaan karoora tarsima'aa, karoora waggaa fi tooftaa itti raawwatu baafachuu isaa ni mirkaneessa; raawwii isaas ni hordofa; deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna;
- 3) Wixineewwan seeraa yeroo yerootti Abbaa Taayitichaan qophaa'anii dhiyaatan xiinxalee akka ragga'an qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa;

- 1) የራሱን ዕቅድና ፕሮግራም ያዘጋጃል፣ የሥራ አፈጻጸሙንም በየሩብ ዓመቱ በመመርመር ለፕሬዝዳንቱ ሪፖርት ያቀርባል፤
- 2) የባለሥልጣኑ ማኔጅመንት የተመሠረተበት ዓላማና ግብ ላይ በመመስረት ስትራቴጂያዊ ዕቅድ፣ ዓመታዊ ዕቅድ እና ማስፈጸሚያ ሥልጣኑን ማውጣቱን ያረጋግጣል፤ አፈጻጸሙንም ይከታተላል፤ አስፈላጊውን ድጋፍም ይሰጣል፤
- 3) በየጊዜው በባለሥልጣኑ እየተዘጋጁ የሚቀርቡ ረቂቅ ህጎችን በመመርመር እንዲጸድቁ ለሚመለከተው አካል ያስተላልፋል፤

- 1) Prepare its plan and program; deliver its work performance report to the president by analyzing it quarterly;
- 2) Ensure that the management of the Authority has prepared its strategic plan, annual plan and its action or implementation mechanisms based on its establishment objectives; follow up its implementation; give the necessary support;
- 3) Analyze legal drafts prepared and submitted periodically by the Authority and refer same to the concerned body for approval;

- 4) Imaammatoonnii fi seerootni mootummaa Abbaa Taayitichaatiin hojiirra ooluu isaaniif hordoffii barbaachisaa ni taasisa;
- 5) Akkaataa barbaachisummaa isaatti raawwii hojiiwwan Zoonichaa keessatti gaggeeffamaa jiranii qaamaan argamuudhaan ni hordofa;
- 6) Bu'uura Labsiitiin itti waamamni Boordichaa Pireziidaantiif ta'uun akkuma jirutti ta'ee, Boordichi itti gaafatamummaa isaa bahuudhaaf yeroo barbaachisaa ta'etti dhaabbibilee dhimmi ilaaluu, qaamolee mootummaa fi dhaabbilee Biizinasii murteessoo waliin walqunnamtii kallattii taasisuu ni danda'a; miseensi Boordichaas ta'e maanaajimantiin Abbaa Taayitichaaf akka walqunnamtii taasisan heyyamuufii ni danda'a.
- 7) Hojiidhaaf haala mijeessuuf jecha miseensa isaa koree adda addaatti qooduun hojii deeggarsaa Abbaa Taayitichaatiif taasisuun murtoo waloo dabarsuu ni danda'a.
- 8) Hojiiwwan yeroo fudhachuudhaan xiinxala barbaadan walgahii Boordiin duratti koree Boordichaan xiinxalamee ilaalamuu ni danda'a, Haalli tarreeffama isaas Qajeelfama Boordichi baasuun murtaa'a.
- 9) Karooraa fi raawwii karoora odiitii kurmaana kurmaanaa ni xiinxala; ni gamaaggama;
- 10) Hojimaata kenna tajaajilaa fi qullullina hojii irratti diriirfaman ni gamaaggama;
- 11) Qorannoo investimantii yookiin pirojeektoota adda addaa xiinxaluun murtee ni dabarsa;
- 12) Gabaasawwan odiitaroota alaa fi keessaa yeroo isaanii eeganii haala barbaadamuun akka gaggeeffamu ni taasisa;
- 13) Gabaasa dhiyaatuuf alatti yoo barbaachiisaa ta'ee argame qaamaan argamuudhaan do'annoo Zoonichaa gochuudhaan hordoffii fi to'annoo ni taasisa.

- 4) የመንግስት ፖሊሲዎችና ህጎች በባለሥልጣኑ ሥራ ላይ ስለ መዋላቸው አስፈላጊውን ክትትል ያደርጋል፤
- 5) እንደ አስፈላጊነቱ በዙፍ ውስጥ በመካሄድ ላይ ያሉ ተግባራት አፈጻጸምን በአካል በመገኘት ይከታተላል፤
- 6) በአዋጁ መሠረት የቦርዱ ተጠሪነት ለፕሬዝዳንቱ መሆኑ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ሀላፊነቱን ለመወጣት አስፈላጊ በሚሆንበት ጊዜ፣ ቦርዱ ጉዳዩ ከሚመለከታቸው ድርጅቶች፣ ከመንግስት አካላት እና ከወላጅ የቢዝነስ ድርጅቶች ጋር ቀጥተኛ ግንኙነት ሊያደርግ ይችላል፤ የቦርዱ አባልም ሆነ የባለሥልጣኑ ማኔጅመንት ግንኙነት ያደርጉ ዘንድ ሊፈቅድላቸው ይችላል፤
- 7) ለሥራው አመቺ ለመፍጠር ሲባል አባላቱን በተለያዩ ኮሚቴዎች በመከፋፈል ለባለሥልጣኑ የስራ ድጋፍ በማድረግ የጋራ ውሳኔ ሊያስተላልፍ ይችላል፤
- 8) ጊዜ ወስዶ በጥልቀት መመርመር የሚያስፈልጋቸው ሥራዎች ከቦርዱ ስብሰባ በፊት በቦርድ ኮሚቴ ተመርምረው ሊታዩ ይችላሉ፤ ዝርዝር ሁኔታውም ቦርዱ በሚያወጣው መመሪያ ይወሰናል፡፡
- 9) የኦዲት ዕቅድና የዕቅድ አፈጻጸምን በየሩብ ዓመቱ ይመረምራል፤ ይገመግማል፤
- 10) በአገልግሎት አስጣጥና የስራ ጥራትን አስመልክቶ የተዘረጉ አሰራሮችን ይገመግማል፤
- 11) የኢንቨስትመንት ወይም የተለያዩ ፕሮጀክቶች ምርምሮችን በጥልቀት በማየት ውሳኔ ያስተላልፋል፤
- 12) የውጭና የውስጥ ኦዲተሮች ሪፖርቶች ጊዜያቸውን ጠብቀውና በተገቢው ሁኔታ እንዲካሄዱ ያደርጋል፤
- 13) ከሚቀርብለት ሪፖርት ባሻገር፣ አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ በአካል ዙን በመጎብኘት ክትትልና ቁጥጥር ያደርጋል፤

- 4) Makes necessary follow up for the government policies and strategies to be implemented by the Authority;
- 5) Follow up the performances of works being conducted in the Zone by appearing in person as deemed necessary;
- 6) Without prejudice that the accountability of the Board is to the president pursuant to the Proclamation, the Board may make direct relation with the concerned organizations and government bodies and with the decisive business organizations; may also permit for the member of Board and management of the Authority to make such relation when it is found essential for the Board to discharge its responsibility;
- 7) With a view to facilitate better work condition, may divide its members in to different committees and perform support activities for the Authority and thereby pass joint decision;
- 8) Activities that need analysis taking time may be examined and analyzed by the Board Committee prior to the meeting of the Board. Its particulars shall be determined by the directive to be issued by the Board.
- 9) Assess; evaluate audit plan and performance quarterly;
- 10) Evaluates the working systems extended on service provision and service quality;
- 11) Examine and decide on researches of investment or various projects;
- 12) Cause the external and internal auditors' reports to be conducted timely and as required;
- 13) Conduct following up and control by supervising the Zone in person other than the reports submitted to it as may deem necessary;

14) Hojiiwwan dabalataa Zooni-cha bu'aa qabeessa taasisanii fi Pirezidaantii irraa kennamaniif ni raawwatu.

9. Hojii fi Ittigaafatamummaa Walittiqabaa Boordii

Walittiqabaan Boordii hojii fi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

- 1) Aangoo fi hojiin bu'uura Labsii fi Dambii kanaatiin Boordichaa kenname hojiirra akka oolu ni taasisa;
- 2) Ajandaalee walgahii ni burqiisiisa; karaa barreessaa Boordichatiin akka dhiyaatu ni taasisa; miseensi ajandaa dabalataa ariifachiisaa ta'e qabu yoo jiraate carraa ni kennaaf;
- 3) Walgahii Boordichaa ni gaggeessa; ni hooggana; ni to'ata; kallattii ni kaa'a;
- 4) Naamusni waltajjii akka kabajamu ni taasisa; hanqinni yoo mul'ate bu'uura seeraatiin tarkaanfii barbaachisu ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 5) Waltajjiin Boordii guutuu ta'uu ni mirkaneessa; ajandaalee marii ni mirkaneessisa;
- 6) Miseensoota Boordii waliin ta'uudhaan karoorri hojii Abbaa Taayitichaa fi Boordiidhaan mirkanaa'ee hojiirra ooluu isaaa ni hordofa; raawwiin isaa akka xiinxalamu ni taasisa;
- 7) Murtiiwwan Boordiin kennaman gara Barreessaa Boordiitiin raawwatamuu isaanii ni hordofa;
- 8) Miseensota Boordichaa koreen qooduun gahee isaanii akka bahaniif deeggarsaa fi hordoffii barbaachisaa ta'e ni taasisa;
- 9) Hojiilee biroo Boordicha bu'aa qabeessa taasisan ni raawwata.

14) ዞኑን ውጤታማ የሚያደርጉና ከፕራዝዳንቱ የሚሰጡትን ተጨማሪ ስራዎችን ይፈጽማል።

9. የቦርድ ሰብሳቢው ተግባርና ሐላፊነት

የቦርድ ሰብሳቢው የሚከተለው ተግባርና ሐላፊነት ይኖረዋል፡-

- 1) በአዋጁና በዚህ ደንብ መሰረት ለቦርዱ የተሰጠው ሥልጣንና ተግባር ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
- 2) የሰብሰባ አጀንዳዎችን ያመነጫል፤ በጸሀፊው በኩል ለቦርዱ እንዲቀርብ ያደርጋል፤ አስቸኳይ የሆነ ተጨማሪ አጀንዳ ያለው አባል ካለ ዕድል ይሰጣል፤
- 3) የቦርዱን ሰብሰባ ያካሄዳል፤ ይመራል፤ ይቆጣጠራል፤ አቅጣጫ ያስቀምጣል፤
- 4) የሰብሰባ ሥነ-ምግባር እንዲከበር ያደርጋል፤ ጉድለት ከተስተዋለ በህጉ መሰረት አስፈላጊውን እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
- 5) የቦርዱ ምልዓተ ጉባዔ መማላቱን ያረጋግጣል፤ የውይይት አጀንዳዎች ያስጸድቃል፤
- 6) ከቦርድ አባላት ጋር በመሆን በባለሥልጣኑ እና በቦርድ የጸደቀው የስራ ዕቅድ ስራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ አፈጻጸሙ እንዲመረመር ያደርጋል፤
- 7) በቦርዱ የተሰጡ ውሳኔዎች በቦርዱ ጸሀፊ በኩል መፈጸማቸውን ይከታተላል፤
- 8) የቦርዱን አባላት በቦርድን በመከፋፈል የድርሻቸውን እንዲወጡ አስፈላጊውን ድጋፍ እና ክትትል ያደርጋል፤
- 9) ቦርዱን ውጤታማ የሚያደርጉ ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል።

14) Perform additional tasks that help for the success of the Zone and assigned to it by the president.

9. Duties and Responsibilities of Chairperson of the Board

Chairperson of the Board shall have the following duties and responsibilities:

- 1) Cause the power and duties given to the Board pursuant to the proclamation and this regulation to be implemented;
- 2) Initiate agendas of the meeting; cause same to be submitted through secretary of the Board; Take additional urgent agenda from a member, if any;
- 3) Conduct meeting of the Board; direct; control same; put direction;
- 4) Cause the meeting discipline to be obeyed; take; cause to be taken necessary measure pursuant to the law in case there observed irregularities;
- 5) Make sure the quorum for Board's meeting; approve agendas of the meeting;
- 6) Follow up the implementation of the work plan approved by the Authority and the Board in collaboration with the Board members; cause its performance to be reviewed;
- 7) Follows up the enforcement of decisions passed by the Board through the secretary of the Board;
- 8) Divide members of the Board in committees and make the necessary support and monitoring to help them discharge their duties;
- 9) Perform other duties that help for the success of the Board.

10. Aangoo fi Hojii Itti Aanaa Walitti qabaa

Itti aanaan walittiqabaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Bakka walittiqabaan hin jirretti bakka bu'ee hojiiwwan walittiqabaan hojjatu ni raawwata;
- 2) Hojiiwwan walittiqabaan adda bahanii kennamaniif ni raawwata;
- 3) Hojiiwwan dabalataa Boordicha bu'aa qabeessa taasisan ni raawwata.

11. Hojii fi Ittigaafatamummaa Barreessaa Boordii

Barreessaan Boordii hojii fi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

- 1) Walittiqabaa Boordii waliin mari'achuun wixinee ajandaa fi sanadoota ajandaa wajjin walqabatan walgahii idilee yoo ta'e guyyaa shan dura, walgahii ariifachiisaa yoo ta'e guyyaa lama dura miseensoota Boorditiif akka dhaqqaban ni taasisa;
- 2) Qaboo yaa'ii walgahii Boordii sirnaani qaba; ni qindeessa; lakkoofsa ni kennaaf; miseensonni akka irratti mallatteessan ni taasisa; sirnaani ol kaa'a; nama hojii kana hojjachuu danda'u Maanaajimantii Abbaa Taayitichaa irraa bakka bu'ummaan akka hojjatu ramaduu ni danda'a;
- 3) Murtiin Boordii kennu ragaa qabatamaa irratti akka hundaa'u taasisuuf qajeelfama Boordii kennuuf irratti hundaa'ee maanaajimantii waliin mari'atee ragaalee barbaachisaa ta'an ni qindeessa;
- 4) Murtiiwwan Boordii akka raawwataman xalayaa gaggeessituu qopheessee walittiqabaa Boordii mallatteessisuun Waajjira Pireziidaantii Naannichaa fi qaamolee dhimmi ilaaluuf akka dhaqqaban ni taasisa; raawwii isaanii ni hordofa;

10. የምክትል ሰብሳቢው ሥልጣንና ተግባር

ምክትል ሰብሳቢው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

- 1) ሰብሳቢው በማይኖርበት ጊዜ እሱን በመወከል ሰብሳቢው የሚሰራቸውን ተግባራት ይፈጽማል፤
- 2) በሰብሳቢው ተለይተው የተሰጡትን ተግባራት ያከናውናል፤
- 3) ቦርዱን ውጤታማ የሚያደርጉ ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል፡፡

11. የቦርዱ ጸሃፊው ተግባርና ሐላፊነት

የቦርዱ ጸሃፊው የሚከተለው ተግባርና ሐላፊነት ይኖረዋል፡-

- 1) ከቦርድ ሰብሳቢው ጋር በመወያየት፣ የአጀንዳውን ረቂቅ እና ከአጀንዳ ጋር የሚያያዙ ሰነዶችን መደበኛ ስብሰባ ከሆነ ከአምስት ቀናት በፊት፣ አስቸኳይ ስብሰባ ከሆነ ደግሞ ከሁለት ቀን በፊት ለቦርድ አባላት እንዲደርሱ ያደርጋል፤
- 2) የቦርድ ስብሰባ ቃለ-ጉባዔን በአግባቡ ይይዛል፤ ያቀናጃል፤ ቁጥር ይሰጠዋል፤ አባላት እንዲፈረሙት ያደርጋል፤ በአግባቡ ያስቀምጣል፤ ይህን ስራ መስራት የሚችል ሰው ከባለሥልጣኑ ማኔጅመንት መካከል በውክልና እንዲሰራ ሊመድብ ይችላል፤
- 3) ቦርዱ የሚሰጠው ውሳኔ በተጨማሪ ማስረጃ ላይ እንዲመሰረት ለማድረግ፣ ቦርዱ በሚሰጠው መመሪያ ላይ ተመርኩዞ ከማኔጅመንቱ ጋር በመወያየት አስፈላጊ የሆኑ ማስረጃዎችን ያደራጃል፤
- 4) የቦርድ ውሳኔዎች እንዲፈጸሙ የመሸኛ ደብዳቤ በመጻፍና የቦርድ ሰብሳቢውን በማስፈረም ለክልሉ ፕሬዝዳንት ጽህፈት ቤት እና ጉዳዩ ለሚመለከታቸው አካላት እንዲደርሱ ያደርጋል፤ አፈጻጸማቸውን ይከታተላል፤

10. Power and Duties of the Deputy Chairperson

The Deputy Chairperson shall have the following power and duties:

- 1) In the absence of the Chairperson, perform duties of the Chairperson on his behalf;
- 2) Performs the duties specifically assigned to him by the chairperson;
- 3) Perform additional tasks which contribute for the success of the Board.

11. Duties and Responsibilities of Secretary of the Board

Secretary of the Board shall have the following duties and responsibilities:

- 1) Through discussing with Chairperson of the Board, cause draft agenda and other documents related with the agenda to reach for the Board members five days before date of the meeting for the regular meeting and before two days for an urgent meeting;
- 2) Take the minute of the Board meeting properly; organize; give it code number; cause the members sign on it; maintain same properly; may delegate a person capable to carry out this duty from management of the Authority;
- 3) Organize the necessary evidences depending on the direction given to him by the Board and by discussing with the management for the decision of the Board to be given based on actual evidence;
- 4) Prepare contact letter and get it signed by the Chairperson of the Board for the decisions of the Board and send it to the office of the president and to concerned bodies to be implemented; follow up their implementation;

- 5) Xalayaalee hojii dhaabbilee adda addaaa irraa Boordiidhaaf barreeffaman fudhachuun xiinxalee yaada wajjin walittiqabaa Boordiitiif ni dhiyeessa;
- 6) Gaaffiiwwan Manni Murtii, Odiitarrii fi qaamoleen biroo seera irratti hundaa'uun dhiyeessaniif yaada walittiqabaan Boordii kennan irratti hundaa'uudhaan ragaa yookiin odeeffannoo ni kennaaf;
- 7) Gabaasa, qaboo yaa'ii, xalayaa fi sanadoota Boordii sirnaan itti gaafatamummaan ni qabata; qaama dhimmi ilaaluun ala nama biraa harka akka hin galle ofeeggannoo ni taasisa;
- 8) Gamaaggama raawwii hojiiwwanii Maanaajimantii Abbaa Taayitichaa yeroo yeroon gaggeeffaman qopheessee walittiqabaa Boordii fi miseensota Boordichaaf ni dhiyeessa;
- 9) Unka miseensoonni walgahii irratti argamanii mallatteessan qabatee miseensoota Boordiitiif kaffaltiin gara Abbaa Taayitichaan akka raawwatamu ni taasisa;
- 10) Hojiilee dabalataa Boordiin kennamuuf ni raawwata; akka raawwatamu ni taasisa.

Kutaa Sadi

Hundeeffama Koree, Hojii fi Itti gaafatamummaa Koree Boordii
12. Hundeeffamaa fi Haala Ramaddii Koree Boordii

- 1) Boordiin, walittiqabaa Boordichaatiin alatti, miseensota Boordichaa koree adda addaatti ramaduun hojjachiisuu ni danda'a.
- 2) Miseensota koree Boordii keessaa akkaataa muuxannoo, ogummaa fi barnoota isaaniitiin walittiqabaa Boordichaatiin yookiin waliigaltee miseensa korichaatiin walittiqabaan koree kan filatamu ta'a.

- 5) ከተለያዩ ድርጅቶች ለቦርዱ የተጻፉ የስራ ደብዳቤዎችን በመቀበል መርምሮ ከሀሳቡ ጋር ለቦርድ ሰብሳቢው ያቀርባል፤
- 6) ፍርድ ቤት፣ ኦዲተር እና ሌሎች አካላት በህግ ላይ በመመስረት ለሚያቀርቧቸው ጥያቄዎች የቦርድ ሰብሳቢው በሰውነት ሀሳብ ላይ በመመስረት ማስረጃ ወይም መረጃ ይሰጣቸዋል፤
- 7) የቦርዱን ሪፖርት፣ ቃለ-ጉባኤ፣ ደብዳቤዎችና ሰነዶች በአግባቡና በሀላፊነት ይይዛል፤ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል በስተቀር ሌላ ሰው እጅ እንዳይገባም ጥንቃቄ ያደርጋል፤
- 8) በየጊዜው የሚካሄዱትን የባለሥልጣኑ ማኔጅመንት የስራ አፈጻጸም ግምገማዎችን በማዘጋጀት ለቦርዱ ሰብሳቢና አባላት ያቀርባል፤
- 9) አባላት በስብሰባ ላይ በመገኘት የፈረሙትን ፎርም በመያዝ ለነዚህ የቦርድ አባላት በባለሥልጣኑ በኩል ክፍያ እንዲፈጸምላቸው ያደርጋል፤
- 10) በቦርዱ የሚሰጠውን ተጨማሪ ሥራዎችን ይፈጽማል፤ እንዲፈጸሙ ያደርጋል።

ክፍል ሦስት

የቦርድ ኮሚቴ መቋቋም፣ ተግባርና ሐላፊነት

12. የቦርድ ኮሚቴ መቋቋምና አመዳደብ ሁኔታ

- 1) ቦርዱ ከቦርድ ሰብሳቢው በስተቀር የቦርድ አባላትን በተለያዩ ኮሚቴዎች በመመደብ ማሰራት ይችላል።
- 2) ከቦርድ ኮሚቴ አባላት መካከል ባላቸው ልምድ፣ ሙያ እና ትምህርት መሰረት በቦርድ ሰብሳቢው ወይም በኮሚቴው አባላት ስምምነት የኮሚቴው ሰብሳቢ የሚመረጥ ይሆናል።

- 5) Receive and analyze the work related letters written to the Board from various organizations and present same to the chairperson of the Board with his opinion;
- 6) Provide evidence or information for the lawful requests submitted by the court, auditor and other bodies based on the comment of chairperson of the Board;
- 7) Maintain reports, minutes, letters and other documents of the Board properly and responsibly; take necessary caution to keep away these evidences from any other person except the concerned bodies;
- 8) Prepare the work performance evaluation of management of the Authority conducted from time to time and submit same to the Chairperson and members of the Board;
- 9) Cause payment to be made for Board members by the Authority via preparing format of list of members present on the meeting and signed.
- 10. Perform additional tasks assign to it; cause to be implemented.

Part Three

Formation, Duties and Responsibilities of the Board Committee

12. Formation and Assignment of the Board Committee

- 1) The Board may, except Chairperson of the Board assign the Board members to work in various committees.
- 2) Chairperson of the committee shall be selected among members of the Board Committee by Chairperson of the Board or by consensus of members of the committee based on their experiences, profession and educational status.

- 3) Boordii hojiidhaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame, hojiiwwan dhiyaatan gama ogummaatiin xiinxaluuf qofa dabalataan Itti Aantootaa fi Daarekterootni Abbaa Taayitichaa Koree Boordii akka deeggaran taasisuu ni danda'a.
- 4) Baay'inni Koree Boordii fi miseensota korichaa akkaataa barbaachisummaa isaatiin Boordii kan murtaa'u ta'a.

13. Hojii fi Ittigaafatamummaa Koree Boordii

Koreen Boordii hojii fi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaa-ta:

- 1) Hojiiwwan qoratamanii fi wixineeffamanii maanaajimantii Abbaa Taayitichaa irraa Boordiif dhiyaatan osoo Boordii hin ilaaliin dura xiinxaluun deeggarsa ogummaa kennuun yaada murtiif galtee ta'u ni dhiyeessa;
- 2) Sababa yeroo dhabuun Boordii walgahee murtoo barbaachisaa kennuu kan hin dandeenye yoo ta'e, murtoowwan barbaachisaa ta'an maanaajimantii Abbaa Taayitichaa waliin ta'uun murteessuun walitti qabaa Boordichaa ni gabaasa;
- 3) Akkaataa barbaachisummaa isaati waltajjii gaggeessuudhaan hojiiwwan xiinxalaa fi deeggarsa Abbaa Taayitichaa ni kenna; fi
- 4) Hojiiwwan dabalataa Boordii qoodee kennuuf ni raawwata.

Kutaa Afur

Sirna Adeemsa Hojiiwwan Keessoo Boordichaa

14. Sirna Walgahii Boordii

- 1) Boordii walgahii idilee isaa j'atti yeroo tokko bakka isaa mijatutti kan gaggeessu ta'ee dhimmi ariifachiisaan yoo muudate walitti qabaan walgahii ariifachiisaa waamuu ni danda'a.
- 2) Walgahiin Boordii guutuu kan ta'u miseensota Boordichaa keessaa walakkaa ol yoo argaman ta'a.

- 3) ለሥራው አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ፣ ሰርዱ የቀረቡ ሥራዎችን ከሙያ እንጻር ለመመርመር ብቻ በተጨማሪ የባለሥልጣኑ ዳይሬክተሮችና ምክትሎች የሰርድ ኮሚቴውን እንዲያግዙ ሊያደርግ ይችላል።
- 4) የሰርድ ኮሚቴው ብዛት እና የኮሚቴው አባላት እንደ አስፈላጊነቱ በሰርዱ የሚወሰን ይሆናል።

13. የሰርድ ኮሚቴው ተግባርና ሐላፊነት

የሰርድ ኮሚቴው የሚከተለው ተግባርና ሐላፊነት ይኖረዋል፡-

- 1) ተጠንተውና ተረቅቀው ከባለሥልጣኑ ማኔጅመንት ለሰርዱ የሚቀርቡ ሥራዎች በሰርዱ ከመታየታቸው በፊት በመመርመርና ሙያዊ ድጋፍ በመስጠት ለውሳኔ ግብዓት የሚሆን ሐሳብ ያቀርባል፤
- 2) ሰርዱ ከጊዜ ማጣት የተነሳ ተሰብስቦ አስፈላጊውን ውሳኔ መስጠት ያልቻለ እንደሆነ፣ ከባለሥልጣኑ ማኔጅመንት ጋር በመሆን ተገቢ የሆኑ ውሳኔዎችን በመወሰን ለሰርድ ሰብሳቢው ሪፖርት ያደርጋል፤
- 3) እንደ አስፈላጊነቱ፣ ስብሰባ በማካሄድ የመመርመርና ድጋፍ ሥራዎችን ለባለሥልጣኑ ያከናውናል፤ እና
- 4) ሰርዱ አካፍሎ የሚሰጠውን ተጨማሪ ሥራዎች ይፈጽማል።

ክፍል አራት

የሰርዱ የውስጥ ሥራዎች አካሄድ ሥርዓት

14. የሰርዱ የስብሰባ ሥነ-ሥርዓት

- 1) ሰርዱ መደበኛ ስብሰባውን በወር አንድ ጊዜ በሚያመቸው ቦታ የሚያካሄድ ሲሆን፣ አስቸኳይ ጉዳይ ሲያጋጥም ሰብሳቢው አስቸኳይ ስብሰባ ሊጠራ ይችላል።
- 2) የሰርዱ ሥብሰባ ምልዓተ-ጉባኤ የተሟላ የሚሆነው ከግማሽ በላይ የሚሆኑት የሰርዱ አባላት ከተገኙ ይሆናል።

- 3) The Board may make Directors and Deputy directors of the Authority to additionally support the Board Committee for only professionally analyzing the submitted tasks where found necessary.
- 4) Number of the Board Committee and members of the committee shall be determined by the Board as if it is necessary.

13. Duties and Responsibilities of the Board Committee

The Board Committee shall have the following duties and responsibilities:

- 1) Present opinion used as input for decision through providing professional support in analyzing the research and draft works submitted to the Board from the management of the Authority before they are examined by the Board;
- 2) If the Board is unable to convene and render the necessary decision due to lack of time, give necessary decision along with the management of the Authority and report same to the chairperson of the Board;
- 3) Conduct meeting and provide analysis and support works to the Authority as may be necessary;
- 4) Perform additional duties apportioned to it by the Board.

Part Four

Working Procedures of Internal Activities of the Board

14. Meeting Procedures of the Board

- 1) The Board shall conduct its ordinary meeting once in a month at the venue suitable for it; and the chairperson may call urgent meeting in case an issue of urgency encounters.
- 2) The presence of more than half of the Board members on the meeting shall constitute a quorum.

- 3) Murtiin Boordichaa waliigaltee miseensota hundaatiin sagalee walta'iinsa kan darbu ta'a.
- 4) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 3tiin waliigaluun yoo dadhabame murtiin Boordichaa sagalee caalmaa miseensota walgahii irratti argamaniin kan darbu ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'ee yaadni walittiqabaan deeggarame murtii Boordichaa ta'a.
- 5) Murtiin sagalee caalmaan kan darbe yoo ta'e, yaadni sagalee xiqqaa sababa isaa waliin qaboo yaa'ii irratti galmaa'uu qaba.
- 6) Walgahii Boordii irratti akkaataa barbaachiisaa isaatti Hojii Gaggeessan Ofaanaa, Miseensoonni Maanaajimantii fi oggeessonni ibsa kennan Abbaa Taayitichaas ta'ee kan biroon argamuu ni danda'u.
- 7) Ajandaan walgahii guyyaa walgahii dura guyyaa shan dursee miseensota Boordichaa dhaqqabu qaba.
- 8) Walgahii Boordiiin gaggeessu irratti qaboon yaa'ii kan qabamu ta'ee qabiyyeen isaas guyyaa, sa'aatii, iddoo fi ajandaa walgahii; maqaa miseensoota Boordii walgahii irratti argamanii; qabxiwwan ijoo ka'anii fi ibsa kennaman gabaabinaan, murtiiwwanii fi kallattiiwwan kennamanii qabachuu qaba.
- 9) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 hanga 8 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Boordichi Qajeelfama sirna walgahii ofii isaa baafachuu ni danda'a.

15. Jajjabeessituu fi Baasii Yaalaa Miseensota Boordii

- 1) Miseensonni Boordii milkaa'ina hojii Abbaa Taayitichaaf gumaa cha taasisaniif durgoo fi jajjabeessituuwwan adda addaa kan argatan ta'a.
- 2) Boordiiin durgoo fi jajjabeessituuwwan miseensota Boordichaaf kennamuu qaban qoratee Pirezidaantiif dhiyeessuun hojiirra kan oolchu ta'a.

- 3) የቦርዱ ውሳኔ በመላ አባላቱ ስምምነት በጋራ ተመሳሳይ ድምጽ የሚተላለፍ ይሆናል።
- 4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 መሰረት መስማማት ካልተቻለ ግን የቦርዱ ውሳኔ በስብሰባው ላይ በተገኙት አባላት አብላጫ ድምጽ የሚተላለፍ ሆኖ፣ ድምጹ እኩል ከሆነ በስብሰባው የተደገፈው ሀሳብ የቦርዱ ውሳኔ ይሆናል።
- 5) ውሳኔው በአብላጫ ድምጽ የተላለፈ ከሆነ፣ አናሳ ድምጽ ያገኘው ሀሳብ ከምክንያቱ ጋር በቃለ-ጉባኤው ላይ መመዘገብ አለበት።
- 6) በቦርዱ ስብሰባ ላይ እንደ አስፈላጊነቱ ዋና ሥራ አስኪያጁ፣ የማኔጅመንት አባላት እና ማብራሪያ የሚሰጡ የባለሥልጣኑም ሆነ ሌሎች ባለሙያዎች ሊገኙ ይችላሉ።
- 7) የስብሰባው አጀንዳ ከስብሰባው ቀን አምስት ቀናት አስቀድሞ ለቦርድ አባላቱ መድረስ አለበት።
- 8) ቦርዱ በሚያካሄደው ስብሰባ ላይ ቃለ-ጉባኤ የሚያዝ ሆኖ፣ ይዘቱም የስብሰባው ቀን፣ ሰዓት፣ ቦታ እና አጀንዳ፣ በስብሰባው ላይ የተገኙ የቦርድ አባላት ስም፣ የተነሱ ዋና ዋና ነጥቦች እና የተሰጡ ማብራሪያዎች በአጭሩ፣ የተሰጡ ውሳኔዎችና አቅጣጫዎችን መያዝ አለበት።
- 9) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 እስከ 8 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ቦርዱ የራሱን የስብሰባ ሥነ- ሥርዓት መመሪያ ሊያወጣ ይችላል።

15. የቦርድ አባላት ማበረታቻ እና የህክምና ወጪ

- 1) ለባለሥልጣኑ ሥራ መሳካት የጎላ አስተዋጽዖ ያበረከቱ የቦርድ አባላት አበል እና ልዩ ልዩ ማበረታቻዎችን የሚያገኙ ይሆናል።
- 2) ቦርዱ ለቦርድ አባላቱ መስጠት ያለባቸውን አበልና ማበረታቻዎች አጥንቶ ለፕሬዝዳንቱ በማቅረብ ሥራ ላይ የሚያውል ይሆናል።

- 3) The decision of the Board shall be passed by the unanimous vote of all members.
- 4) If they fail to reach at a consensus pursuant to sub article 3 of this Article, the decision of the Board shall be passed by majority vote of the members present on the meeting; and the chairperson shall have casting vote in case of tie.
- 5) If the decision is passed by majority vote, the idea given with minor vote shall be recorded with its reason on the minute.
- 6) The General Manager, Management members and professionals of the Authority others presenting briefs may participate on the meeting of the Board as may be necessary.
- 7) Agenda of the meeting shall reach to members of the Board five days prior to the date of the meeting.
- 8) A minute shall be taken on the meeting conducted by the Board; and its content shall contain date, time, venue and agenda of the meeting, names of the Board members present on the meeting, key points raised and responses provided briefly, decisions and directions given.
- 9) Without prejudice to the provisions under sub articles 1 to 8 of this Article, the Board may issue its own rule of meeting procedures.

15. Incentives and Medical Expenses of Board Members

- 1) The Board members who contributed for the success of activities of the Authority shall get allowances and various incentives.
- 2) The Board shall study the allowances and various incentives to be provided for the Board members and submit to the president and implement same.

- 3) Do'annaa hojii miseensonni Boordii biyya keessatti taasifamuuf baasii barbaachiisu Abbaa Taayitichaan akka uwwifamuuf maanaajamantiin Abbaa Taayitichaa haala ni mijeessa.
- 4) Miseensoonni Boordii hojii Abbaa Taayitichaa irra osoo jiran miidhaan irra kan gahe yoo ta'e baasiin yaalaa Abbaa Taayitichaan kan uwwifamu ta'a.

16. Muuxannoo Hojii Miseensoota Boordii Guddisuu

- 1) Boordichi hojii isaa bu'aa qabeessummaan raawwachuuf barbaachisaa ta'ee yoo argameleenjiwwanii fi seeminaaronni gaggabaaboon miseensotaaf akka qophaa'aniif baajata barbaachisu Abbaa Taayitichaa gaa-fachuu ni danda'a.
- 2) Boordichi muuxannoo damee gageessaa jiru irratti akka gudidifatu oggeessotaan deeggaramuudhaan marii fi sagantaa muuxannoo waljijjiiruu gageessuu ni danda'a.

17. Naamusa Miseensota Boordii

- 1) Miseensi Boordii walgahii Boordii gaggeeffamu irratti yeroo kabajee argamuu fi walgahicha irratti dammaqinaan hirmaachuu qaba.
- 2) Miseensi Boordii sababa humnaa ol ta'een walgahicha irratti argamuu kan hin dandeenye yoo ta'e dursee walittiqabaa beeksisuu qaba.
- 3) Miseensi Boordii kamiyyuu qophii gahaa taasisuun dhimmoota Boordiif dhiyaatan gadifageenyaan dhuunfaanis ta'ee akka koreetti qorachuudhaan yaada dhiyeessuu qaba.
- 4) Miseensi Boordii kamiyyuu akka koreettis ta'ee akka dhuunfaan hojii itti kennamu kakka'umsaan raawwachuu fi bu'aa isaa Boordiif dhiyeessuu qaba.

- 3) የቦርድ አባላት በአገር ውስጥ ለሚያደርጉት የስራ ጉብኝት የሚያስፈልገው ወጪ በባለሥልጣኑ እንዲሸፈንላቸው የባለሥልጣኑ ማኔጅመንት ሁኔታዎችን ያመቻቻል።
- 4) የቦርድ አባላት በባለሥልጣኑ ሥራ ላይ ሣሉ ጉዳት የደረሰባቸው ከሆነ፣ የህክምና ወጪያቸው በባለሥልጣኑ የሚሸፈን ይሆናል።

16. የቦርድ አባላትን የስራ ልምድ ማዳበር

- 1) ቦርዱ ተግባሩን በውጤታማነት ለማከናወን አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ፣ አጫጭር ሥልጠናዎችና ሴሚናሮች ለአባላት እንዲዘጋጁ የሚያስፈልገውን በጀት ባለሥልጣኑን ሊጠይቅ ይችላል።
- 2) ቦርዱ በሚመራው ዘርፍ ላይ ልምድ ያዳብር ዘንድ በባለሙያዎች በመደገፍ ውይይትና የልምድ ልውውጥ ፕሮግራም ሊያካሄድ ይችላል።

17. የቦርድ አባላት ሥነ-ምግባር

- 1) የቦርድ አባል በሚካሄደው የቦርዱ ስብሰባ ላይ ሰዓቱን አክብሮ መገኘት እና በስብሰባው ላይም በንቃት መሳተፍ አለበት።
- 2) የቦርድ አባል ከአቅም በላይ በሆነ ምክንያት በስብሰባው ላይ መገኘት ያልቻለ እንደሆነ አስቀድሞ ለስብሰባው ማሳወቅ አለበት።
- 3) ማንኛውም የቦርድ አባል በቂ ዝግጅት በማድረግ ለቦርዱ የሚቀርቡ ጉዳዮችን በግልም ሆነ እንደ ኮሚቴ በጥልቀት በመመርመር ሐሳብ ማቅረብ አለበት።
- 4) ማንኛውም የቦርድ አባል በግልም ሆነ እንደ ኮሚቴ የሚሰጠውን ሥራ በትጋት መፈጸምና ውጤቱን ለቦርዱ ማቅረብ አለበት።

- 3) Management of the Authority shall facilitate condition whereby the expense necessary for the supervision of work that the Board members conduct within the country to be covered by the Authority.
- 4) If the Board members sustain occupational injury while they are on duty of the Authority, their medical expenses shall be covered by the Authority.

16. Enhancing Work Experiences of Board Members

- 1) Where it is found essential for the Board to execute its duties efficiently, it may request the Authority for budget necessary for the preparation of short trainings and seminars for the members.
- 2) The Board may conduct discussions and experience sharing being supported by professionals with a view to enhance its experiences on the branch of work it is directing.

17. Ethics of the Board Members

- 1) The Board member shall be present on the meeting of the Board punctually and shall actively participate on such meeting.
- 2) If the Board member is unable to participate on the meeting due to force majeure, he shall inform the chairperson in advance.
- 3) Any member of the Board shall make the required preparation on issues submitted to the Board and deeply investigate them privately or as a committee and present his opinion.
- 4) Any member of the Board shall perform a task given as a committee or privately with entire diligence and shall submit its outcome to the Board.

- 5) Miseensi Boordii kamiyyuu sanadoota Abbaa Taayitichaa, qaboowwan yaa'ii walgahii, ragaalee biroo fi dhimmoota faayidaalee Abbaa Taayitichaa miidhan yeroo miseensummaa keessa jiranis ta'ee erga bahanii booda iccitiidhaan eeguu qaba.
- 6) Miseensi Boordii kamiyyuu Murtii Boordii kabajuu fi kaba-chiisuu qaba.
- 7) Miseensi Boordii kamiyyuu sanadoota walgahii Boordii haala fotokooppiinis ta'ee karaa biraatiin qaama saddaffatiif dabarsuu hin qabu.
- 8) Keewwata kana keewwata xiqqaa 7 jalatti kan tumame jiraatus Boordichi sanadoonni Boordichaa miseensoota Boordiitiif yookiin miseensoota maanaajimantii Abbaa Taayitichaa muraasaaf qofa akka kennamu murteessuu ni danda'a.
- 9) Miseensi Boordii dhimmi faayidaa dhuunfaa isaa wajjin walqabate Boordiitti yammuu dhiyaatu kanuma Boordiitti beeksisuun sanadoonni dhimma kana waliin walqabatan akka isaan hin dh-aqqabnee fi walgahii irratti hin hirmaanne gochuu qaba.
- 10) Miseensi Boordii kamiyyuu yammuu rakkoon irra gahu yoo guddate marsaa lama qofaaf walitti aansee heyyama walitti qabaa Boordichaa irraa fudhachuu ni danda'a.
- 11) Miseensi Boordii hojii isaa gahumsaan bahuu yoo dadhabe yookiin sababa gahaa malee walitti aansuun yeroo sadii ol yookiin bara baajataa tokko kees-satti yeroo shanii fi isaa ol walgahii irraa kan hafe yoo ta'e, Abbaan Taayitaa miseensummaa irraa akka ka'u Pirezidaantiif yaada dhiyeessuun namni biraa akka bakka buufamu ni taasifama.

- 5) ማንኛውም የቦርድ አባል የባለሥልጣኑን ሰነዶች፣ የስብሰባ ቃለ-ጉባኤዎችን፣ ሌሎች ማስረጃዎች እና የባለሥልጣኑን ጥቅሞች የሚጎዱ ጉዳዮችን በአባልነት ላይ ባለበት ጊዜም ሆነ ከአባልነት በሚለቅበት ጊዜ በሚስጥር መጠበቅ አለበት።
- 6) ማንኛውም የቦርድ አባል የቦርዱን ውሳኔ ማክበርና ማስከበር አለበት።
- 7) ማንኛውም የቦርድ አባል የቦርዱን የስብሰባ ሰነዶች በፎቶኮፒ ወይም በቅጂ መልክም ሆነ በሌላ መንገድ ለሶስተኛ ወገን ማስተላለፍ የለበትም።
- 8) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 7 ሥር የተደነገገው ቢኖርም፣ ቦርዱ የቦርዱን ሰነዶች ለቦርድ አባላት ወይም ለተወሰኑ የባለሥልጣኑ ማኔጅመንት አባላት ብቻ እንዲሰጥ ሊወስን ይችላል።
- 9) የቦርድ አባል ከግል ጥቅሙ ጋር የሚያያዝ ጉዳይ ለቦርዱ በሚቀርብበት ጊዜ፣ ይህንን ለቦርዱ በማሳወቅ ከዚህ ጉዳይ ጋር የሚያያዙት ሰነዶች እንዳይደርሱትና በስብሰባ ላይ እንዳይሳተፍ ማድረግ አለበት።
- 10) ማንኛውም የቦርድ አባል ላይ ችግር በሚደርስበት ጊዜ ቢበዛ ለሁለት ተከታታይ ዙር ብቻ ከቦርዱ ሰብሳቢ ፈቃድ ሊወስድ ይችላል።
- 11) የቦርድ አባል ተግባሩን በብቃት መወጣት ካልቻለ ወይም ያለበቁ ምክንያት ለሶስት ተከታታይ ጊዜያት ወይም በአንድ የበጀት ዓመት ውስጥ ለአምስት እና ከዚያ በላይ ጊዜ ከስብሰባ ከቀረ፣ ባለሥልጣኑ ይህ አባል ከአባልነት እንዲነሳ ለፕሬዝዳንቱ ሀሳብ በማቅረብ በቦታው ሌላ ሰው እንዲተካ ይደረጋል።

- 5) Any member of the Board shall keep confidential the documents of the Authority, minutes of meetings, other evidences and any issues that injure the interests of the Authority whether he is in charge of membership or after leaving it.
- 6) Any member of the Board shall respect and protect decisions of the Board.
- 7) Any member of the Board shall not transfer documents of the Board meeting to third party in the form of copies or in any other form.
- 8) Notwithstanding to the provisions under sub article 7 of this Article, the Board may decide that the documents of the Board to be provided only for few members of the Board or members of management of the Authority.
- 9) If the Board member faces a case related to his private interest submitted the Board, he shall inform this fact to the Board and shall make documents related to this case not to reach him and shall not participate on the meeting dealing with such case.
- 10) When any member of the Board faces problem, he may take permission from chairperson of the Board for a maximum of two consecutive rounds.
- 11) If the Board member unable to discharge his duties efficiently or absent from meeting for more than three times consecutively or for five and more times in one budget year without sufficient reason, the Authority shall present recommendation to the president and another person shall be replaced.

12) Miseensi Boordii tumaalee naamusaa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 - 11 jalatti tumaman darbuun balleessaa yoo raawwate dhuunfaanis ta'ee akka gareetti seera rogummaa qabuun kan itti gaafatamu ta'a.

12) የቦርድ አባል በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 እስከ 11 ሥር የተደነገጉትን የስነ-ምግባር ድንጋጌዎች በመተላለፍ ጥፋት ከፈጸመ አግባብነት ባለው የህግ ድንጋጌ መሰረት በግልም ሆነ እንደ ቡድን የሚጠየቅ ይሆናል።

12) If the Board member commits fault in violation of the provisions of Ethics provided under sub articles 1 to 11 of this Article, he shall be liable privately or as a team under the relevant law.

Kutaa Shan

Tumaalee Adda Addaa

18. **Aangoo Qajeelfama Baasuu**
Dambii kana hojiirra oolchuuf Boordiin Qajeelfama baasuu ni danda'a.

ክፍል አምስት

ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

18. **መመሪያ የሚውጣት ሥልጣን**
ይህን ደንብ ሥራ ላይ ለማዋል ቦርዱ መመሪያ ሊያወጣ ይችላል።

**Part Five
Miscellaneous Provisions**

18. **Power to issue Directive**
The Board may issue directive to implement this regulation.

19. **Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**
Dambiin, Qajeelfamnii fi barmaatiileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

19. **ተፈጻሚነት የማይኖራቸው ህጎች**
ከዚህ ደንብ ጋር የሚቃረኑ ማናቸውም ደንብ፣ መመሪያ እና ልማዳዊ አሰራሮች በዚህ ደንብ ውስጥ በተካተቱት ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም።

19. **Inapplicable Laws**
Any regulation, directive and customary work practices in contradiction with this regulation shall not be applicable on matters covered under this regulation.

20. **Dirqama Deeggarsa Kennuu**
Namni kamiyyuu hojiirra oolmaa Dambii kanaatiif deeggarsa irraa barbaadamu kennuuf dirqama qaba.

20. **ድጋፍ የመስጠት ግዴታ**
ማንኛውም ሰው ለዚህ ደንብ ስራ ላይ መዋል የሚጠበቅበትን ድጋፍ የመስጠት ግዴታ አለበት።

20. **Duty to Cooperate**
Any person shall have a duty to make the required cooperation for the implementation of this regulation.

21. **Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**
Dambiin kun Fulbaana 11 bara 2013 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

21. **ደንቡ ስራ ላይ የሚውልበት ጊዜ**
ይህ ደንብ ከመስከረም 11 2013 ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል።

21. **Effective Date**
This regulation shall come in to force as of 21 September, 2020.

**Finfinnee,
Fulbaana 11 Bara 2013
Shimallis Abdiisaa
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo
Oromiyaa**

**ፊንፊኔ
መስከረም 11 2013 ዓ.ም
ሽመልስ አብዲሳ
የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት**

**Finfine,
September 21, 2020
Shimelis Abdisa
President of Oromia Regional State**